# Galaana Fitnaa

JIBRIL ABDALLA

sammubani.com

# Galaana Fitnaa (Qormaataa fi Rakkoolee ciccimoo)

**Qophii: Jibriil Abdalla**

**Qunnamtiif:**

*Website: www.sammubani.com*
*Facebook: fb.com/jireenyabadhaatu*
*Telegram: https://t.me/sammubani*

# Qabiyyee

**Seensa** ..... 4

**Amaloota Fitnaa** ..... 5

A. Jalqaba yommuu fitnaan dhuftu nama hawwatuun namoota gowwomsiti- .. 5

B.Fitnaan sammuu namaa hadoocha- ..... 5

C.Amaloota fitnaa keessaa kan biraa immoo yommuu uumamtu saffisaan babal'achuun qabbaneessun garmalee ulfaata- ..... 6

**Akkaataa Fitnaa itti Too'atan** ..... 8

1.Obsa qabaachu- ..... 8

2.Wal danda'uu fi waliin mararfachu- ..... 9

3.Jarjaruu fi ariifachuu dhiisu- ..... 9

4.Oduu mirkaneefachuu- ..... 11

5.Arraba ofii too'achuu ..... 12

6.Fitnaa irraa fagaachu fi dheessu- ..... 15

7.Jama'atti hidhachuu fi maxxanuu ..... 18

8.Hojii gaggaarii hojjachuu ..... 20

9.Du'aayi (Rabbiin sodaa fi abdii waliin kadhachuu)- ..... 24

﴿بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ﴾

# Seensa

Qormaata ykn fitnaan yommuu bu’uu nama jaanjessa, dukkanni namatti bu’a, gara deeman nama wallaalchisa. Nama Rabbiin eege malee namni qaroon dukkana qormaataa kanaatin ni dhama’a. Fitnaa yoo jennu wantoota lubbuu, qalbii fi qabeenya namaa irratti balaa fiduu danda’aniidha. Isaan keessaa gurguddoon waraana, balaa uumama kan akka kirkira lafaa, rooba cimaa, wantoota fokkuu kanneen akka sagagaalummaa, gudeeddaa, alkooli fi kkf babal’achu, qabeenyi garmalee baay’achuu fi hiyyuummaan jabaachu.

Yeroo ammaa akkuma beekkamu fitnaan bakka kamittu babal'ate jira. Fitnaa kanniin jalaa akkamitti akka baanu yoo hin beekin, salphatti galaana isaatin nyaatamna. Barreefamni armaan gadii kitaaba basaa'ir fil fitan jedhamu irraa cunfamuun fudhatame. Gara jalatti Arabiffaa fi Ingiliffaan ni argattu.

“Dhugumatti fitnaan akka duumessa walirratti tuulame wal duraa duuban dhufun namoota haguuga. Akka dukkanni halkanii yookiin danbaliin cimaan nama marsuutti fitnaanis jaaminsaa fi duudummaa keessatti nama marsa. Fitnaa keessatti sammuun namaa ni haguuggamti, qalbiin ni duuti, nama Rabbiin tiikse malee.”

Fitnaan yeroo kamu hin dhaabbatu, ni dhufa. Garuu dhufuun dura nuti beekumsaan, xinxallii gadii fagoon, hojii gaggaari hojjachuun, badii irraa dheessu fi Guyyaa Qiyaamatiif qopha’uun of qopheessu qabna. *Namni jalqaba lolaa fitnaa keessatti kufu nama Rabbiin irraa fagaate fi beekumsa barbaadu irraa dheessedha.*

Ergamaan Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) akkana jedhan: “**Namni gammadaan nama fitnaa (qormaata, rakkoo) irraa eeggameedha. Yommuu mokkoramu (qoramu) immoo nama obseedha**.” (Abu-Dawud)

Kanaafu fitnaan nutti bu'uun dura amaloota fi maalummaa ishii sirritti beekun irraa dheessu qabna. Erga nutti bu'een boodas obsaan jala darbuuf carraaqu qabna.

## Amaloota Fitnaa

Fitnaan amaloota beekkamoo qabdi yommuu beekan kan irraa goran. Amaloota kanniin beeku dhabuu irraa kan ka'ee fitnaa meeqatu namoota haaxawe dabarse. Amaloota ishii keessaa muraasni:

**A. Jalqaba yommuu fitnaan dhuftu nama hawwatuun namoota gowwomsiti-** yommuu qormaanni dhufu jalqaba garmalee nama kakaasa. Ergasii wanti hunduu akka yaadame osoo hin ta'in garagalto (fuggisoo) ta'a. Khalaf ibn Hushib, "Namoonni yommuu fitnaan dhiyaattu waloola Imru Qays tana walaleessu garmalee jaallatu" jedha. Imru Qays akkana jedhe:

*Waraanni jalqabni ishii akka intalaati*
*Bareedinna ishiitin wallaala hundaa ofitti harkisti*
*Yommuu waraanni cimee fi dheerate*
*Akka jaarti dulloomte jaarsa hin qabne taati*
*Arri'ooftu bifni ishii jijjirame tan biraa taati.*
*Fuunfachuu fi dhungachuuf ni jibbamti.*

Walaloon tuni isinii galee mitiree? Jalqabni fitnaa akka intala bareeddu nama hawwatti. Namni wallaalan kamu itti fiiga. Ergasii suutuma suutan yommuu fitnaan cimu akkuma intalli tuni jaarti taate fokkattu fitnaanis fokkachuun ofirraa nama ariiti.
Khalaf akkana jechaa ture, "Yommuu fitnaan dhiyaattu namoonni walaloo tana sirritti baruu qabu."

**B.Fitnaan sammuu namaa hadoocha-** Abdullah Ibn Mas'uud (Radiyallahu anhu) akkana jechaa ture, "Fitnaa akka aara nama ukkaamsu isiniif sodaadha. Tan qalbiin namaa keessatti duutu akkuma qaamni du'u."

"**Fitnaa sammuun namaa itti hadoodutu dhufa, nama qaroo arguun hanga garmalee ulfaatutti."**

Abu Muusaa Al-Ash’aari akka gabaasetti Ergamaan Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) akkana jedhan: “‘**Dhufaati Guyyaa Qiyaamatin dura, al-Harj ni jira**.’ [Sahaboonnis] ni jedhan, ‘**Al-Harj** maal jechuudha?’ Ergamaan Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) ni jedhan:’**Ajjeechadha. Mushrikoota ajjeesu keessan osoo hin ta’in isin wal ajjeessudha, hanga namtichi ollaa ofii, obboleessa ofii, abbeera ofii,ilma abbeeraa ofii ajjeesutti.**” Isaanis ni jedhan ‘Sila osoo sammuu qabnu moo?” Ergamaan Rabbiis ni jedhan,’**Sammuun namoota yeroo sanii ni deemti (ni hadooddi), namoota sammuun isaani xiqqaa fi hin yaannetu hafa. Irra hedduun isaani dhugaa irra waan jiran se’u garuu homaa irra hin jiran.**” (Imam Ahmadtu gabaase)

Namni yeroo qormaanni itti bu’u gara deemu wallaala. Malli hunduu harkaa bada. Alkooli caala nama macheessa. Dukkana irratti dukkanni nama haguuga, hurriin jireenyaa nama marsa. Kanaafu fitnaan dhufuun dura of qopheessun hin barbaachisu ree?

## C.Amaloota fitnaa keessaa kan biraa fitnaan yommuu uumamtu saffisaan babal’achuun qabbaneessun garmalee ulfaata-

mee haa ilaallu lola addunya irratti adeemsifamaa jiru. Jalqaba irratti hoo hoon jalqabama. Ergasii itti fufun rasaasa walitti dhukaasun eegalama. Lubbuun namoota kumaatamatti lakkawamanii ni darba. Hanga lubbuun miliyoonatti lakkawaman darbanii fi qabeenyi baay’een barbadaa’utti qabbaneessun ni dadhabama. Akka fakkeenyatti biyya keenyaa fi biyyoota Arabaa mee haa ilaallu.

Ibn Taymiyaan akka jedhanitti yommuu fitnaan buutu namoonni qaroon namoota gowwaa ibidda fitnaa qabsiisan duubatti deebisu hin danda’an. Akkuma Rabbiin (subhaanahu wa ta’aala) jedhe kuni amala fitnaati.

﴿وَٱتَّقُواْ فِتۡنَةٗ لَّا تُصِيبَنَّ ٱلَّذِينَ ظَلَمُواْ مِنكُمۡ خَآصَّةٗۖ وَٱعۡلَمُوٓاْ أَنَّ ٱللَّهَ شَدِيدُ ٱلۡعِقَابِ٢٥﴾

“**Rakkoo (fitnaa) isin irraa warra miidhaa hojjatan qofa kophatti hin muudannes sodaadhaa. Dhugumatti Rabbiin adabbiin Isaa cimaa akka ta’es beekaa.**” Suuratu Al-Anfaal:25
Fitnaan yommuu buutu ishiin faalamu irraa namni nagaha bahu hin jiru kan Rabbiin eege malee.”

Yommuu fitnaan dhufuu fi dhufuun dura gara Qur’aana fiigudha. Qur’aanni nuura (ibsaa dukkanaati) fi basaa’ira (ragaa ifaati).

﴿قَدۡ جَآءَكُم بَصَآئِرُ مِن رَّبِّكُمۡۖ فَمَنۡ أَبۡصَرَ فَلِنَفۡسِهِۦۖ وَمَنۡ عَمِيَ فَعَلَيۡهَاۚ وَمَآ أَنَا۠ عَلَيۡكُم بِحَفِيظٖ ١٠٤﴾

“**Dhugumatti Gooftaa keessan irraa ragaawwan ifa ta’an isinitti dhufaniiru. Namni arge lubbuma isaatifi. Namni jaames isheedhuma (lubbuma ofii) irratti [miidhaa geessa]. Anis (Muhammad (SAW)) isin irratti tiiksaa miti**.” Suuratu Al-An’aam :104

Abdur-Rahman ibn Abzi akkana jedhe,”Yommuu namoonni fitnaa ajjeecha Usmaan ibn Affaanitti kufan, ani Ubay ibn Ka'ab akkana jechuun gaafadhe, ‘Yaa Abbaa Munzir karaan fitnaa kana keessaa ittiin bahaniin maalii?’ Innis akkana jedhe,’Kitaaba Rabbiiti (Qu’aana). Wanta ifa siif ta’ee irratti hojjadhu, wanta siif hin galle immoo hayyootaf dhiisi.’”

Kanaafu fitnaan bu’uun dura Qur’aana barachuun, qo’achuu fi irratti hojjachuuf carraaqun karaa fitnaa jalaa ittiin bahaniidha. Yeroo baay’ee namoonni galaana fitnaatin nyaataman namoota beekumsa hin qabne fi ijjoolle ykn dargaggoota bilchinna hin qabnedha. Wanta maanguddoo fi namoonni qaroon isaaniin jedhan hin dhagayan. Yeroo hundaa anutu beekadha, anatu dhugaa irra jira jedhu. Beekumsaa fi xinxalli malee fiigu.

Badii fitnaa irraa dhalatu hanbisuuf dargaggoonni fi namoonni kuunnin hayyoota fi maangudootatti hidhatu qabu. Hayyoonni jallinnaa fi dogongora irraa namoota tiksu. Dhugumatti Rabbiin yeroo namoonni Islaama irraa garagalan sababa Abu Bakar sidiiqin (radiyallahu `anhu) amantii Ofii tumse.

# Akkaataa Fitnaa itti Too’atan

Tolee! Amaloota fitna hanga kana erga ilaalle booda yeroo fitnaan nutti buutu akkamitti too’achuu dandeenyaa?

**1.Obsa qabaachu-** yeroo kamiyyuu keessatti obsa horachuun ni barbaachisa. Yeroo rakkoo immoo daran barbaadamadha.

﴿ وَجَعَلْنَا بَعْضَكُمْ لِبَعْضٍ فِتْنَةً أَتَصْبِرُونَ ۗ وَكَانَ رَبُّكَ بَصِيرًا﴾

“**Garii keessan gariidhaaf mokkorri taasifne jirra. Ni obsituu ree? Gooftaan keetis [waan hundaa] argaa ta’ee jira**.” Suuratu Al-Furqaan (25):20

Namoonni waliif qormaata. Qormaata kana irratti obsuu barbaachisa. Rakkoo fi daraaran jireenya namaa guutu keessa itti hin fufu. Kana irra yeroon booda toltuu fi laafinnatu dhufa. Toltuu fi laafinna kana argachuf obsa barbaachisa.

Rabbiin (Subhaanahu wa ta'aala) akkana jedha:

﴿فَإِنَّ مَعَ ٱلْعُسْرِ يُسْرًا ۝ إِنَّ مَعَ ٱلْعُسْرِ يُسْرًا ۝﴾

“**Dhugumatti, rakkinna waliin laafinatu jira.**
**Dhugumatti rakkinna wajjiin laafinatu jira.**” Suurat Ash-Sharh 94:5-6

Yeroo ammaa rakkoo fi dararaan baay’ate kanatti obsa akka qabaannu Ergamaan Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) nuuf dhaaman.

Abu Zarr akkana jedhe: Ergamaan Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) akkana naan jedhan, “**Yaa Abaa Zarr**!” Anis nan jedhe ‘Labbeyka yaa Rasulallah wa sa’adeeyka (siif awwaadhe)’ Innis ni jedhe ‘**Yommuu namootatti duuti itti bu’uun manni isaani qabrii (awwaalcha) ta’u maal gootaa**?”

Anis ni jedhe,'Rabbii fi Ergamaa Isaatu beeka (yookiin ani akkana jedhe: Wanta Rabbii fi Ergamaan Isaa naa filan).'
Ergamaan Rabbiis ni jedhe '**Obsi sirra haa jiraatu (obsi).**'" (Abu-Dawuud)

Waa'ee obsaa ilaalchise bal'innaan barruule 'Obsa:Furtuu milkaa'inna fi Gammachuu' websaayiti kana irratti argaman dubbisuu dandeessu.

**2.Wal danda'uu fi waliif mararfachu-** balaa namatti bu'ee obsaan danda'anii jala darbuun injifannoo guddaadha. Kanaafi Umar ibn Al-Khaxxaab akkana jedhe,"***Jireenya gaarii keenya obsaan arganne."*** Yeroo rakkoo wal-danda'uu fi wali mararfachuun hadhaa dararaa hir'isa. Wal danda'uu dhiisu fi akka bineensa wal nyaachun immoo rakkoo babal'isuun miidhaa guddaa geessa.

**3.Jarjaruu fi ariifachuu dhiisu-** lubbuu meeqatu galaafatamee, qabeenya meeqatu barbadaa'e sababa jarjaruu fi ariifatuutin. Akkuma Oromoon jedhu '***Osoo hin hubatin hin gugatin.***' Wanta tokko sirritti addaan osoo hin baasin fiigun miidhaa guddaa fida. Akkuma jedhamu Obsi Rabbiin irraayyi, jarjaruun immoo sheyxaana irraayyi. Wanta hundaa jarjaraan akka raawwattu fedhii guddaa keessa keetti sheyxaanni qabsiisa. Of qabbaneessu fi gadii dhaabbate osoo itti hin yaadin yoo fiigde gatii baay'ee kafalta.

***Jarjaruu*** jechuun yeroo isaatin dura wanta tokko hojjachuudha. Arabdoonni jarjaruun haadha gaabbiwwan hundaati jedhu.

Al-Awzaa'i akkana jechuun gabaase, "Yommuu Umar ibn Abdulaziz nama tokko adabuu barbaade, guyyoota sadiif hidha. Ergasi ni adaba. Yeroo dallansuu sanitti jarjara jibbuu irraa kan ka'e yerooma san hin adabu."

Muhammad ibn Bashiir akkana jedha:
*Luka fudhachuun dura faana keetif murteessi bakka.*
*Namni wallaalumaan mucucaate dhugumatti ni kufa.*

Kana jechuun dhimma tokko irratti bu'aa fi miidhaa isaa osoo itti hin yaadin itti hin dhiyaatin. Yoo kan siif ta'u ta'ee fudhadhu, ta'uu baannan irraa gori.

Huzayfan fitnaa ilaalchise akkana jedhe: **Yommuu jalqaba fitnaan buutu ni dhokatti. Garuu erga deemten booda ni mul'atti.**"
Shamr yaada Huzeeyfaa ilaalchise akkana jedhe: yommuu fitnaan jalqaba dhalattu namoota dhamaasun akka waan sirrii ta'anii itti fakkeessiti hanga isaan keessa seenanii wanta dhowwamaa hojjatanitti. Ergasii yommuu fitnaan gara dhumaatti dhuftuu fi deemtu, dhugaan ishii ifatti baha. Namoonni itti seenan hundi isaanitu akka dogongoran ni beeku." (Basaa'ir fil fitan)

Abu Hatim, Muhammad ibn Hibban al-Busti, akkana jedha, '*Namni jarjaraan kaayyoo ofii galmaan hin gahu akkuma namni suuta jedhuu fi obsuu kaayyo ofii irraan hin utaalle. Namni cal'isaan yeroo baay'ee hin gaabbu. Namni yeroo hundaa dubbatu (laflaafin) nagaha hin bahu. Namni jarjaraan osoo homaa hin beekin dubbata, osoo homaa isaaf hin galin deebii deebisa. Namni biraa beekkama osoo hin ta'in faarsa. Nama beekkame fi faarfame namni jarjaraan komata (qeeqa). Osoo itti hin yaadin murteessa. Osoo hin murteessin gara funduraa fiiga. Jarjaruun nadaama (gaabbi) taati. Nageenyi wanta jarjara waliin dhufuu miti. Arabni 'jarjarri haadha gaabbiti'* jetti. (Basaa'irul fitan- fuula 42)

Keeyyanni armaan olii tunii waa'ee jarjaraa ilaalchise waan baay'ee of keessatti hammatti. Jarjara ittisuuf beekumsaa fi obsa nu barbaachisa. Akkuma beekumsi dabaluun bilchinni sammuu waan dagaaguf namtichi jarjaruu irraa of qusata. Yommuu miirri keenya hoo'u, of gadi qabuu qabnaa malee hoo'a saniin fiigne of gubuu hin qabnu. Takkaa miidhaa fi bu'aa wanta fiignuufi dhaabbannee itti yaadu qabna. Yommuu sheyxaanni akka jarjarru nu taasisu, "A'uzubillahi mina sheyxaani rajiim (sheyxaana abarraamaa irraa Rabbiin eeggama)" jechuu qabna. Wudu'a gochuu fi salaata salaatun, ergasii du'aayi gochuun jarjara keenya ni qabbaneessa. Manguddoota fi namoota qaroo waliin mari'achuu qabna. Adduma gulufuu hin qabnu.

**4.Oduu mirkaneefachuu-** dhugumatti ibiddi fitnaa yeroo baay'ee kan qabatuu fi babal'atuu sababa oduu sobaa fi jette jettee raabsunii. Namoonni baay'een wanta dhagayanii fi jedhan osoo addaan hin baafatinii fi hin mirkeenafatiin namoota birootta dabarsuuf ariifatu. Kunii immoo badii badii irratti dabaluun jireenya darara, dhiiga namoota baay'ee dhangalaasa. Yommuu namoonni akkuma argan oduu osoo hin mirkaneefatiin namoota birootti dabarsan, ajaja Rabbitti buluu fi tolee jechuu dhiisanii fedhii lubbuu ofii qofa jala fiigu. Namoota akka dhagaa jabaatan ni argita. Of dinqisiifachuun ana malee beekaa fi hayyuun hin jiru jedhu. Namoonni biroo isaan biratti wallaaladha. Mariif yoo waamaman nama jalaa hin dhagahan. Wanta ani jedhe malee yaanni nama biraa fudhatama hin qabu jedhu. Namoota akkanaatu dhiigni namoota nagahaa akka jiguu fi qabeenyi akka barbadaa'u sababa ta'a.

Karaa fitnaa itti dhowwan keessaa tokko oduu mirkaneefachudha. Keessumattu nageenya ummata bal'aa kan tuquu yoo ta'e. Osoo oduu hin mirkaneefatin, asii akkas ta'e achii akkas ta'e jedhanii afuufun miidhaa fi gaabbii malee wanta biraa ta'uu hin danda'u.

Oduu dhugaa ta'ee yoo argameeyyu, miidhaa fi faaydaa oduu tamsaasu keessa jiru abbichi itti yaadu qaba. Odeefannoon dhugaa waan ta'eef hundii isaatu hin himamu. Gariin isaani dhokfamu qabu.

Abu Hureeyran akka jedhanitti qaraxiixi beekumsaa lama Ergamaa Rabbii (Salallahu aleyh wa sallam) irraa kuufadhe. Qaraxiixi beekumsaa tokko nan tamsaase. Kan hafee immoo nan dhokse. Osoo beekumsa dhokse kana tamsaase silaa kokkeen tiyya ni citti turte (kana jechuun nan ajjeefamaa ture)."

Kanaafu wanti hundii dhugaa ta'eef ifatti bahuu hin qabu. Namni tokko nan beeka jedhe wanta dhagaye hundaa yoo odeesse ibidda fitnaa qabsiisaa jiraa jechuudha.

Umar Ibn Al-Khaxxaab (RA) akka jedhetti '**kijiba irraa isaaf gahaadha yommuu namni tokko wanta dhagaye hunda odeessu.**' (Namni tokko wanta dhagayee guutu yommuu odeessu kijibaa fi hofoffe ta'a. Oduu osoo

hin mirkaneefatin waan fiiguf odeefannoon isaa yeroon booda soba ta'ee argama. Kunu kijibaa isa gochuuf gahaadha.)

Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) odeefannoo dabarsuun dura akka mirkaneefannu itti nu ajaja:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُوٓاْ إِن جَآءَكُمۡ فَاسِقُۢ بِنَبَإٖ فَتَبَيَّنُوٓاْ أَن تُصِيبُواْ قَوۡمَۢا بِجَهَٰلَةٖ فَتُصۡبِحُواْ عَلَىٰ مَا فَعَلۡتُمۡ نَٰدِمِينَ٦﴾

**"Yaa warraa amantan! Faasiqni(fincilaan) oduudhaan yoo isinitti dhufe wallaalumaan namoota akka hin miine fi wanta hojjattaniif akka hin gaabbine [oduu isaa] addaan baafadha."** Suuraa Al-Hujraat:6

Yommuu namni tokko oduun nutti dhufu oduu isaa addaan baafachu qabna. Ta'uu baannan miidhaawwan gurgudda lama ofitti feena. Tokko namoota wallaalumaan miidhun adabbi hamaa adabamna. Lamaffaan immoo gaabbiin keessa keenya gubna. Gadaa fitnaan itti baay'ate kanatti of eeggannoo guddaa gochuu qabna. Wanti sab-qunnamtin (social midiyaan) tamsaafamu hundii dhugaa jenne yoo fudhanne fi hojii irra oolchine boodarra miidhaa baay'ee dhandhamna. Madda oduu osoo hin mirkaneefatin fiigun boodarra nama boochisa. Cal'isuun furmaata hundarra caalu.

Socail media irratti eenyullee na hin beeku jenne wantuma argine share yoo goone fi sababa kanaan dhiigni nama tokko yoo jige, cubbuun nurratti fe'ama. Dhiiga namaa karaa kaminiyyuu jiigsun wanta salphaadhaa? Kanaafu oduu argine osoo hin mirkaneefatin cal'isneetummaan gadi lakkisuu irraa of haa qusannu.

**5.Arraba ofii too'achuu**- yeroo hundaa arrabaa ofii qabuu fi bakka sirrii ta'eetti itti fayyadamuun furtuu milkaa'innaa fi gammachuuti. Yeroo fitnaa oduu fi jette jetten waan babal'atuuf gurrii wanta hundaa caqasa, namoonnis wanta dhagahan hundaa tamsaasuf ni muddamu. Sababa kanaaf rakkoon guddaan ni dhalata. Tarii jechi takka rukuttaa seeyfi caalaa nama

miidhu dandeessi. Sababa kanarraa kan ka'ee Muslimoonni wantoota fitnaa babal'isan irraa arraba isaani eegun isaan irratti dirqama. Kanaafi Rabbiin (subhaanahu wa ta'aala) akkana jedhe:

﴿وَقُل لِّعِبَادِى يَقُولُواْ ٱلَّتِى هِىَ أَحۡسَنُۚ إِنَّ ٱلشَّيۡطَٰنَ يَنزَغُ بَيۡنَهُمۡۚ إِنَّ ٱلشَّيۡطَٰنَ كَانَ لِلۡإِنسَٰنِ عَدُوّٗا مُّبِينٗا٥٣﴾

"**Gabroottan Kiyyatti jecha hundarra gaarii taate akka dubbatan itti himi. Dhugumatti sheyxaanni gidduu isaani balleessa. Dhugumatti sheyxaanni ilma namaatif diina ifa bahaadha.**" Suura Al-Israa 17:53

Sheyxaanni jechoota badaa akka dubbatan isaan gochuun wal dhabbii fi wal diigga isaan jiddutti facaasa. Kanaafu jecha gaarii dubbachuun yookiin cal'isuun badii kana hunda irraa nama tiiksa.

Wanta faaydi hin qabne dubbachuun maatii meeqatu diigame, lubbu meeqatu darbe. Seena fi manni haa lakkaa'u. Osoo itti hin yaadin jecha takka ni dubbatta ergasii manni fi hariiron kee ni diigama. Kana irraa baraaramuuf arraba ofii lugaamudha.

"Arraba ofii qabuu fi too'achuun hundee wantoota gaggaarii hundaati. Namni arraba ofii irratti too'anna argate, dhugumatti dhimma ofii sirnaan too'ate."

Ergamaan Rabbii waa'ee wantoota baay'inna ibidda nama seensisan yommuu gaafataman,"**Arrabaa fi qaama hormaata**." Akka ta'ee ibsanii jiru.

Umar Ibn Al-Khaxxaab (RA) akka jedhetti '**Namni dubbiin isaa baay'ate, dogongorri isaa ni baay'ata. Namni dogongorri isaa baay'ate cubbuun (diliin) isaa ni baay'ata. Namni cubbuun isaa baay'ate immoo adabbiin ibiddaa wanta isaaf maluudha.**"

Amala Ergamaa Rabbii keessaa tokko cal'isni isaani ni dheerata (dubbii hin baay'isan), baay'isanii hin kolfan. Nama kamiyyuu hin qeeqan, hin hamataniis, aybii (dogongora) namoota irra hin barbaadan; dhimma kamiyyuu irratti hin dubbatan Rabbiin irraa mindaa yoo kajeelan malee.

Yazid ibn Abi Habiib akkana jedhaa ture: *namni oduu baay'isuu fitnaan akka dhuftuuf eega. Namni cal'isu immoo rahmanni akka buutuf eega.*

Akkuma jedhamu namni obsuu fi cal'isu gaabbin isa hin tuqxu.

Al-Fudayl akkana jedhe: *amaloonni lama qalbii gogsuu. Isaanis;* ***baay'isanii dubbachuu*** *fi* ***baay'isanii nyaachudha.***

Sufyaan akkana jedha: ***dheerinni cal'isaa (cal'isa baay'isuun) furtuu ibaadati.***"

**Abu Zayyaal akkana jechaa ture**: akkuma dubbii barattu cal'isaas baradhu. Yoo dubbiin kan si qajeelchu ta'ee cal'isuun immoo si eega. Cal'isa keessa amaloota lama horatta. Tokkoffaa nama si caalaa beekaa ta'e irraa beekumsa argatta. Lammaffaa, nama si caalaa mormii baay'isu irraa of eegda."

**Ibraahim ibn adihaam** akkana jedhe: cal'isuun kee yoo si gaddisisee dogongora arraba keetin uumamu irraa baraaramu kee yaadadhu. (Yoo dubbatte badii guddaa sitti fidu danda'a. Cal'isuun kee immoo badii san irraa si baraara. Kanaafu baraarama kana yaadadhu.)

**Ibraahim ibn Adihaamin** akkana jedhame 'Eebalu seer-luga barataa jira.' Innis ni jedhe,'Akkamitti akka cal'isan barachuun isaaf wayyaa ture.'

**Muwarriq akkana jedhe**,"Dhimma tokkotu jira kan ani waggoota hanganaatif barbaada jiru. Hanga ammaatu bira gayuu hin dandeenye. Garuu ammallee barbaadu hin dhiisu." Namoonnis, "Yaa abbaa Mu'tamir dhimmi suni maalidhaa?" jechuun gaafatan. Innis akkana jedheen, "wanta na hin galchine irraa dhowwamuudha."

**Shaqiiq al-Balkhii** akkana jedhe:'namoota waliin yommuu hiriyyoomtu akka yeroo ibidda bira jirtu ta'i. Ibidda irraa faaydaa isaa fudhu akka si hin gubne of eegadhu."

Dhugumatti akkuma ibiddi nama gubu namoonni arraba ofiitin nama gubuu yookiin arraba keenyan isaan gubna. Osoo isaan hin miidhin faayda isaan irraa fudhatanii yookiin faayda kennaniif biraa deemun qarummaadha.

(Hubachiisa: Asi olitti yeroo hundaa cal'isuun faarfamaadha jechuufi miti. Yeroo mirgi namaa sarbamuu fi daangaan Rabbii darbamuu haala sirriin dubbachuu wayya. Bakka akkanaatti cal'isuun faarfamaa miti. Waa'ee cal'isuu ilaalchisee ergaan armaan olitti barbaadame; bakka sirrii hin taanetti arraba hin dheeressin, dubbachuun kee bu'aa caalaa miidhaa kan fidu yoo ta'e cal'isi.)

**6.Fitnaa irraa fagaachu fi dheessu-** galaanni fitnaa yommuu dhufuu nama isa fuundura dhaabbate haxaawe dabarsa. Nama jalaa gore immoo irraa gora. Haalli wal xaxaan yommuu uumamu, dhimmicha osoo addaan hin baafatin itti fiigun hin barbaachisu. Irraa dheessu fi hanga wantoonni ifa bahanii eegudha.

Ergamaan Rabbii (Salallahu aleyh wa sallam) waa'ee fitnaa ilaalchise akkana jedhu:

" سَتَكُونُ فِتَنٌ الْقَاعِدُ فِيهَا خَيْرٌ مِنَ الْقَائِمِ، وَالْقَائِمُ خَيْرٌ مِنَ الْمَاشِي، وَالْمَاشِي فِيهَا خَيْرٌ مِنَ السَّاعِي، مَنْ تَشَرَّفَ لَهَا تَسْتَشْرِفْهُ، فَمَنْ وَجَدَ مَلْجَأً أَوْ مَعَاذًا فَلْيَعُذْ بِهِ ".

"**Fitnaan ni dhufti tan ishii keessa nama dhaabbatu irra nama taa'u wayyu (caalu), nama deemu irra nama dhaabbatu wayyu, nama fiigu irra nama deemu wayyu; namni fitnaaf of saaxile,isa ni balleessiti. Namni iddoo eeggumsaa yookiin iddoo baqaa argate, itti haa baqatu.**" (Sahih Al-Bukhaari)

Dhaabbatanii tarkanfii gara fitnaatti fudhachuun dura taa'anii itti yaadutu caala. Fiigu irra suuta tarkaanfatutu caala.fitnaan yommuu dhuftu nan

too’adha jedhanii itti fiigu osoo hin ta’in jalaa goruu fi baqatutu caala. Meeqa kamtu nan too’adha jedhe galaana fitnaatiin nyaatame hafe.

Al-Ahnaf ibn Qays akkana jechuun gabaase:

عَنِ الأَحْنَفِ بْنِ قَيْسٍ، قَالَ ذَهَبْتُ لأَنْصُرَ هَذَا الرَّجُلَ، فَلَقِيَنِي أَبُو بَكْرَةَ فَقَالَ أَيْنَ تُرِيدُ قُلْتُ أَنْصُرُ هَذَا الرَّجُلَ. قَالَ ارْجِعْ فَإِنِّي سَمِعْتُ رَسُولَ اللَّهِ صلى الله عليه وسلم يَقُولُ " إِذَا الْتَقَى الْمُسْلِمَانِ بِسَيْفَيْهِمَا فَالْقَاتِلُ وَالْمَقْتُولُ فِي النَّارِ ". قُلْتُ يَا رَسُولَ اللَّهِ هَذَا الْقَاتِلُ فَمَا بَالُ الْمَقْتُولِ قَالَ " إِنَّهُ كَانَ حَرِيصًا عَلَى قَتْلِ صَاحِبِهِ ".

Ani namticha kana gargaaruf deeme (kana jechuun Ali ibn Abi Xaalib). Ergasii Abu Bakraan karattı natti dhufee akkana naan jedhe,’Eessa deemtaa?’ Anis nan jedheen,’Namticha kana gargaarufi.’ Abu Bakraanis ni jedhe,’Deebi’i! Ani dhugumatti Ergamaan Rabbii (SAW) osoo akkana jedhu dhagaye jira.**’Yoo Muslimoonni lama [wal ajjeesuf] seeyfiin wal qunnaman, kan ajjeese fi ajjeefame ibidda (Jahannam) keessa ta’u.’** Anis akkana jedhe gaafadhe,’Yaa Ergamaa Rabbii kuni silaa ajjeessadha, ajjeefamaan hoo maal balleesse?’ Ergamaan Rabbiis ni jedhe**,’Saahiba isaa ajjeesuf fedhii cimaa qabaa ture.**’ (Sahiih Al-Bukhaari)

Kanaafu fitnaa irraa dheessun nama qabbaneessu ta’uu qabna. Ta’uu baannan sababa keenyan dhiigni baay’een jiga, qabeenyi saamama, kabajni mulqama. Kanniin hundaaf boru itti gaafatamoodha.

Akka gabaafametti namtichi tokko Huzeeyfatti dhufun akkana jedhe gaafate,’Yommuu Muslimooni wal lolan, maal akka godhu na ajajjaa (na gorsitaa)? Huzeeyfaanis ni jedhe,’Iddoo jireenya keetti mana fagoo ta’e barbaadi itti baqadhu. Si ajjeesuuf yoo sitti dhiyaatan, akkana jedhiin,’Kunoo! Cubbuu kiyyaa fi cubbuu keessan baadhaa!’

**Ibn Mas’uud akkana jedhe**;’ Yommuu namoonni fitnatti kufanii,”Namoota keessatti nama fakkeenya gaarii taate, bahii.’ yoo siin jedhan,’Badii (sharrii) keessatti fakkeenya gaarii hin ta’u.’ Jedhiin.

**Abu al-Haaris al-Saa’igh akkana jedhe**: ‘Abbaa Abdullah (imaam Ahmad) waa’ee dhimma Baagidad keessatti adeemsifame gaafadhe. Ani ni jedheen,”Yaa Abbaa Abdullaah! Namoota kanniin waliin bahuu ilaalchisee

maal jettaa?' Isaan irratti jibbuun imaam Ahmad akkana jedhe,'Subhaan'Allah (Rabbiin qulqullaa'e)! Dhiigni jigu, dhiigni jigu maal haa ta'u?! Kana arguus hin barbaadu, ittis hin ajaju. Fitnaa dhiigni itti jigu, qabeenyi namootaa itti saamamu, kabajni itti mulqamu irra obsa amma keessa jirrutu caala. Hin beektuu sila! Namoonni akkam akka ta'an yeroo fitnaa?" Anis ni jedheen,'Har'a hoo! namoonni fitnaa keessa hin jiranii yaa Abbaa Abdullaah?' Innis ni jedhe,'Yoo fitnaa keessa jiraatan, fitnaan tunii murtaa'odha (specific). Yoo seeyfiin ol kaafame, fitnaan tan babal'attu fi wal xaxxuu taati, daandiin sirriin ni cita. Obsa yeroo ammaa keessa jirtu kanatu siif caala, kan amantiin kee nagaha itti ta'u."

Isaa (Imaam Ahmadi) namoota mormiif bayan akkana jechuun qeequ arge, "Dhiiga, dhiiga.. Sirrii ta'uun natti hin mul'atu, ittillee hin ajaju." (Basaa'ir fil fitan Fuula 105, Arabiffa, In English Page 44)

Shaykh al-Islam, Ibn Taymiyyah akkana jedhe,'Hogganaa angoo qabu mormiif namni bahu, gochi isaa gaarii dhaluu irra badii baay'ee dhalu malee hin hafu. (Gaarii isaa caalaa badii baay'etu uumama. Dhigni namoota nagahaa ni jiga, qabeenyi fi kabajni namoota ni saamama. Sababa kanaaf obsi filatamaadha.)"

Ibn Taymiyyaan dhuguma jedhan. Mee gara biyya keenyaa fi addunyaa Arabaa ija keenya haa naanneessinu. Lubbuun namoota nagahaa kumaatamatti fi miliyoonatti lakkawaaman ajjeefamaa jiru, qabeenyi baay'een barbadaa'a jira, namoonni qe'ee isaani irraa buqqa'anii gadadoo keessa jiraataa jiru, dubartoonni gudeedamuun kabajni isaanii mulqamaa jira. Dhugumatti badiin kuni hundii uumamu irra obsuun gaariidha.

Kanaafu fitnaan yommuu uumamu ibidda itti qabsiisu irra irraa dheessu fi fagaachutu caala. Gariin namaa 'Ati dabeessa' siin jechuu danda'a. Dubbii nama kanaa dhageesse, gootummaa kee agarsiisuuf yoo duute boru Rabbiin maal jettaa? Jihaadaf nan baha yoo jette, jihaanni seera fi sirna qaba. Lubbuu namoota nagahaa galaafachuun jihaada hin jedhamu. Kanaafu yeroo fitnaan akkanatti baay'ate kanatti irraa dheessutu nama baasa. Wanti guddaan nuti sodaachu qabnu, qabeenyi keenya barbadaa'u fi lubbuun teenya baduu osoo

hin ta'in, Aakhiraa teenyaf sodaachudha. Khaatimaan (dhumti) namaa yoo badde, adabbii ibiddaa irraa akkamitti baraaramaa?

**7.Jama'atti hidhachuu fi maxxanuu**- jama'atti (hawaasatti) maxxanuun badii baay'ee irraa nama eega. Namni yommuu adda fiigu, akkuma jeedalli hoola addatti argatte nyaattu, diinnis nama kana nyaata. Gurmii fi walta'iinsan diina injifatan. Rahmata Rabbii keessaa tokko ummata Islaama kana jallinna irratti isaan walitti hin qabu. Hanga ummanni Islaama jiru haqni ni jiraatti. Hanga ajajni Rabbii dhufu gareen haqa qabatanii fi ishii irratti obsanii yeroo hundaa ni jiraatu. Jama'aa akka qabannu Ergamaan Rabbii (salallahu aleyh wa sallam) itti nu ajaju.

"**Huzeeyfa ibn Yamaan akkana jedha**: Namoonni Ergamaa Rabbii (salallahu aleyh wa sallam) waa'ee keeyrii (wantoota gaggaarii) gaafatu turan. Ani immoo akka natti hin buune sodaachun waa'ee sharrii (badii) isa gaafachaa ture. Akkana jedheen,'Yaa Ergamaa Rabbii! Nuti wallaalummaa fi badii keessa turre. Ergasii Rabbiin wanta gaarii kanaan nu qananiise. Keyrii kana booda sharriin ni jiraa?' Innis ni jedhe,'**Eeti.'** Anis nan jedhe,'Sharrii kana booda keyriin ni jiraa?'Innis ni jedhe,**'Eeti. Garuu isa keessa Dakhan (badii dhokataan xiqqoon) ni jira.**' Anis nan jedhe,'Dakhan isaa maaliidhaa?' Innis ni jedhe,"**Namoota qajeelcha kiyyaan ala waan biraatin namoota qajeelchantu dhufu; hojii isaani ni agarta, ni jibbitas**." Anis nan jedhe,'Keyrii sana booda sharriin ni jiraa?' Innis,**'Eeti. Namoonni muraasni ni jiru namoota balbala Jahannamitti kanneen waaman. Namni waamicha isaani awwaatef, Jahannamitti isa darbu.'** jedhe. Anis nan jedhe,'Yaa Ergamaa Rabbii amaloota isaanii nuuf ibsi.' Innis ni jedhe,"**Isaan dirra keenya irraayyi. Afaan keenya dubbatu.**" Anis nan jedhe,'Yoo kuni na dhaqqabe maalitti na ajajjaa?' Innis ni jedhe,"**Jama'aa (hawaasa) Muslimoota fi Imaama (hogganaa) isaanii qabadhu (itti maxxanii)**." Anis nan jedhe,"Jama'aan Muslimoota fi imaamni yoo hin jiraatin hoo?'Innis ni jedhe,"**Garee hunda isaani irraa fagaadhu osoo hundee mukaa cininteeyyu; osoo ati haala kanaan jirtu hanga duuti sitti dhuftu.**" (sahih Al-Bukhaari fi Sahiih Musliim)

Wanti guddaan gara Funyoo Rabbiiti fi karaa qajeela Isaatti namoota dhiibu salaata jama'aa irratti argamuudha. Hojii gaggaarii fi taqwaa (sodaa Rabbii) irratti wal gargaaru waan ta'eef. Yoo hundeen fitnaa hin buqqa'in, salaanni jama'aa dararaa fitnaa ni hir'isa, Muslimoota obbolummaa, tokkummaa Aqiida isaani fi jaalala fi walii mararfachuu jiddu isaani jiru yaadachiisa.

Yommuu Usmaan ibn Affaan (RA) marfamee Ubaydullah ibn 'Adi ibn Khiyaar, gara isaa deemun akkana jedheen: Ati hogganaa ummataati. Wanta sitti bu'ees ni beekna. Garuu hogganaan fitnaa imaama ta'uun nu salaachisaa jira. Kana danda'uun nutti ulfaate jira.' Usmaanis akkana jedhe,*'Wanti hundarra gaarii namoonni dalagan salaata. Kanaafu namoonni wanta gaarii yoo hojjatan atillee isaan waliin hojjadhu. Garuu yoo isaan wanta badaa hojjatan, badii isaanii irraa fagaadhu*."

Ibn Hazm akkana jedha: Ibn Umar (RA) al-Hajjaji fi Najdaah duubatti salaata ture. Tokko khawaarija, kan biraa immoo akkaan badaa uumamtooti. Ibn Umar akkana jechaa ture,"**Salaanni gaarummaadha. Nama na waliin isa keessatti hirmaate hin ilaalu (xiyyeefannoo itti hin kennu).**"

Naafin akkana jedha: Yeroo fitnaan Ibn al-Zubaayr, Khawaarij fi Khashabiyyah dhalate Ibn Umarin akkana jedhame,"Osoo wal ajjeesanuu isaan waliin salaattaa?' Ibn Umaris ni jedhe,'Nama Hayya ala-Salah (Gara Salataa koottu) jedheef, nan awwaadha. Nama Hayya alal Falah (Gara milkaa'innaa koottu) jedheef nan awwaadha. Garuu nama 'Koottu obboleessa Musliima kee ajjeessi qabeenya isaa jalaa saami.' jedheef 'Lakki' jedha (gonkumaa hin awwaadhu).

Al-Hasan akkana jedhe,"Salaanni Mu'iminaa, munaafiqa duubatti salaatu isa hin miitu, akkasumas salaanni munaafiqaa mu'imina duuba dhaabbate salaatu isa (munaafiqa) hin fayyaddu."

Ergamaan Rabbii (salallahu aleyh wa sallam) akkana jedhan:

" مَا مِنْ ثَلاَثَةٍ فِي قَرْيَةٍ وَلاَ بَدْوٍ لاَ تُقَامُ فِيهِمُ الصَّلاَةُ إِلاَّ قَدِ اسْتَحْوَذَ عَلَيْهِمُ الشَّيْطَانُ فَعَلَيْكُمْ بِالْجَمَاعَةِ فَإِنَّمَا يَأْكُلُ الذِّئْبُ الْقَاصِيَةَ "

“**Namoonni sadii ganda yookiin baadiyaa kan salaanni isaan jiddutti (jama'aan) hin salaatamne keessa hin jiraatan, sheyxaanni namoota kanniin irratti moo’annaa kan argatu yoo ta’e malee. Jama’atti maxxanaa; dhugumatti jeedalli hoolaa kophaa taate nyaatti.**” (Sunan An-Nisaa’i fi Abu Dawud)

Yeroo ammaa baay’ee nama dinqisiisa. Wal tuffii fi jibba irraa kan ka’ee namoonni waliin salaatu irraa dheessu. Osoo gorsa Usmaan, Ibn Umarii fi Al-Hasan kanniin fudhanne, maaltu nu dhiphise badii namtichi hojjatuuf? Namni yommuu jama’aa irraa dheessu dhiyootti salaata dhiisa. Jama’aan humnaa fi tokkummaadha, addaan faffaca’uun immoo dadhabinnaa fi adabbiidha.

'Ali (ibn Hazm) akkana jedha ‘Al-Mukhtar, 'Ubaydallah ibn Ziyad fi al-Hajjaj duubatti salaatu irraa sahaboota keessaa nama namoota dhoowwu hin beeknu. Namoota sadiin kanniin caalaa namni badaan hin jiru. Dhugumatti Rabbiin akkana jedhe jira:

﴿وَتَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡبِرِّ وَٱلتَّقۡوَىٰۖ وَلَا تَعَاوَنُواْ عَلَى ٱلۡإِثۡمِ وَٱلۡعُدۡوَٰنِۚ وَٱتَّقُواْ ٱللَّهَۖ إِنَّ ٱللَّهَ شَدِيدُ ٱلۡعِقَابِ﴾

**“Toltuu fi sodaa Rabbii irratti wal gargaara; badii fi daangaa darbuu irratti wal hin gargaarinaa. Rabbiin sodaadhaa. Dhugumatti Rabbiin adabbiin Isaa cimaadha.” (**Suura Al-Maa’ida 5:2)

Kanaafu imaamni nu salaachisu badaa jechuun salaata jama'aa dhiisu hin qabnu. Yommuu jama'aa irraa fottoqnu, dhama'iinsa fi jallinatti kufna. Akkuma shekhul Islaam Ibn Taymiyya jedhan: "Jama'aan Rahmata fi Jaalala Rabbii, tola, badhaadhinnaa fi milkaa'inna addunyaa fi aakhiraa fiddi. Fuulli namaa ni ifa. Bu'aan fottoquu immoo azaaba (adabbii) fi abaarsa Rabbii namatti fiddi. Fuulli ni dukkanaa'a." Kanaafu jama'atti haa maxxannu.

**8.Hojii gaggaarii hojjachuu**- Bakka fitnaa fi balaan buutu namoonni baay’een oduu hordofuu waliin ko’oomuu fi garmalee fedhiin isaani akka ibiddaatti qabata. Dabalataan, taa’umsi isaani dubbii,’Kana dhagaye, arge,

akkana yaada, osoo kana ta’ee silaa gaariidha, osoo kuni jalqaba dhufe yookiin kuni osoo tursiifame silaa daran gaarii ta’a fi kkf’ kan guuttameedha. Oduun isaan waliin ko’ooman kuni Ibaada jaallatamaa irraa xiyyeefannoo isaani garagalcha yookiin tarii immoo ibaada waajiba akka dhiisan taasisa. Salaata yeroo isaa duubatti harkisuu fakkeenyaf halkan mormii irra bulanii salaata subii osoo hin salaatin isaan jala darbuu danda’a. Ergamaan Rabbii (salallahu aleyh wa sallam) gara hojii gaaritti akka fiignu nuuf dhaamu:

" بَادِرُوا بِالأَعْمَالِ فِتَنًا كَقِطَعِ اللَّيْلِ الْمُظْلِمِ يُصْبِحُ الرَّجُلُ مُؤْمِنًا وَيُمْسِي كَافِرًا أَوْ يُمْسِي مُؤْمِنًا وَيُصْبِحُ كَافِرًا يَبِيعُ دِينَهُ بِعَرَضٍ مِنَ الدُّنْيَا "

**"Fitnaan akka cittu halkan dukkanaa [isinitti dhufuun duratti] gara hojiiwwan gaggaaritti ariifadhaa. [Yeroo fitnaa kanatti] namtichi mu’imina ta’ee bariisifata, kaafira ta’ee galgaleefata. Yookiin immoo mu’imina ta’ee galgaleefata, kaafira ta’ee bariisifata. Amantii ofii gatii xiqqoo addunyaa tanaatti gurgura.**” (Sahiih Musliim)

Hadiisa kana ilaalchise Al-Hasan Al-Basrii akkana jechaa ture,”Namtichi dhiiga, kabajaa fi qabeenya obboleessaa haraama (dhowwamaa) taasise bariifata. Galgala immoo halaala (hayyamamaa) taasisa. Akkasumas, dhiiga, kabaja fi qabeenya obboleessa haraama taasise galgaleefata, ganama immoo halaala taasise bariisifata.”

Kanaafu fitnaan dhufuun dura hojii gaggaarii hojjachuun qarummaadha. Rabbiin osoo namoonni magaalatti hojii gaggaarii hojjatanuu hin balleessu. Sababa badii raawwachuu fi daangaa Rabbii darbuutin fitnaan baay’een kan dhalatu.

Yeroo fitnaa, mu’iminni nafsee ofii haqa waliin yoo hin ko’oomsin soba waliin ko’oomti.

Al-Hasan Al-Basrii akkana jedha: “Nafsee tee! Yoo haqaan hin ko’oomsin sobaan si ko’oomsiti.”

**Nama hojii gaggaarii hojjatu Rabbiin gonkumaa hin salphisu.**

Ergamaa Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) irraa akkana jechuun gabaafame,”**Namni toltuu hojjatuu badii hamaa irraa ni eeggama.**” (al-Silsilatu al-sahihaa lakk. 1908)

Yommuu fitnaan dhuftu, Xalq ibn Habiib akkana jechaa turee,”Taqwaa (sodaa Rabbii) horachuun ofirraa eegaa.”

Rabbiin (subhaanahu wa ta’aala) obsaa fi salaatan gargaarsa Isarra akka barbaannu itti nu ajaja:

﴿يَٰٓأَيُّهَا ٱلَّذِينَ ءَامَنُواْ ٱسۡتَعِينُواْ بِٱلصَّبۡرِ وَٱلصَّلَوٰةِۚ إِنَّ ٱللَّهَ مَعَ ٱلصَّٰبِرِينَ١٥٣﴾

**“Yaa warra amantan! Obsaa fi salaatan gargaarsa barbaadaa. Dhugumatti Rabbiin warra obsan waliin jira.”** Suura Al-Baqaraa:153

Sababni isaas, salaanni dhimma tokko irratti gadi dhaabbannaa (sabaata) akka qabaatan garmalee nama gargaara.

Rabbiin (subhaanahu wa ta’aala) Ergamaa Isaa yommuu jajjabeessu haala kanaa dubbisa:

﴿وَلَقَدۡ نَعۡلَمُ أَنَّكَ يَضِيقُ صَدۡرُكَ بِمَا يَقُولُونَ٩٧ فَسَبِّحۡ بِحَمۡدِ رَبِّكَ وَكُن مِّنَ ٱلسَّٰجِدِينَ٩٨ وَٱعۡبُدۡ رَبَّكَ حَتَّىٰ يَأۡتِيَكَ ٱلۡيَقِينُ٩٩﴾

**“Dhugumatti wanta isaan jedhaniin qomni kee akka dhiphatu ni beekna. Gooftaa kee faarsun Isa qulqulleessi. Warra sujuudan irraas ta’i. Hanga dhugaan (duuti) sitti dhuftutti Gooftaa kee gabbari**.” Suura Al-Hijr 15:97-99

Yommuu qomni isaa wanta diinni jedhuun dhiphattu Rabbiin Ergamaa Isa gara salaata fi zikrii akka fiigu ajaje. Dhugumatti kana keessa bal'inna qomaa fi rakkoo keessaa bahuutu jira. Kuni qajeelcha Ergamaa Rabbiiti; yommuu dhimmi tokko garmalee nama dhiphisuu gara salaata dheessu.

Saabit irraa akkana jechuun gabaafame: Yommuu Ergamaan Rabbii (sallallahu `alayhi wa sallam) rakkoon cimaan isa tuqu, maatii ofii waamun '**Salaata, salaata**!'jedhaan. Saabit,"Yommuu dhimmii tokko Ergamtoota Rabbitti bu'uu gara salaata fiigu."jedha.

Dhuma dirree waraana Yarmuuk mootiin Roomaa loltoota isaa kanneen injifataman akkana jedhe gaafate,'Isin irratti salphinna! Waa'ee namoota loltaniini natti himaa. Akkuma keessan isaan dhiirotaa mitii?' Isaanis "Eeti yaa mootii." jedhan. Innis ni jedhe," Eenyutu lakkoofsan caala, isin moo isaanii?" Isaanis ni jedhan,"Bakka kamittu nutu lakkoofsan isaan caala." Innis ni jedhe,"Maarree maaliif injifatamtan?" Isaan keessaa jaarsi guddaan akkana jedhee deebise,"***Halkan salaataa waan bulaniif, guyyaa soomaa waan oolaniif, waadaa waan guutanii fi wal jiddutti haqaan waan hojjataniif nu injifatan.***"

Haala kanaan dhiironni seenaa keessatti injifannoo galmeessanii darban. Kan ammaa immoo salaata irraa dheesse baay'innaa fi meeshaa waraanatiin osoo of tuulu injifatame, salphinnaaf harka kenne.

Nuti hoo eessa jirraa? Yommuu rakkoon nu tuqu gara salaata fiigu dhiisne dallansuu fi oduu faaydi hin qabnetti fiigna. Waa tolchuu dhiisne balleessatti ariifanna.

Walumagalatti rakkoon (fitnaan) bu'uun duratti gara hojii gaaritti haa fiignu, hojii badaa irraa haa dheessinu. Yommuu rakkoon nutti buutu immoo gara obsaa, salaata fi zikrii haa fiignu. Kaafironni fi namoonni imaanni isaani laamsho ta'e yommuu garmalee isaan cinquu gara itti fiigan waan hin qabneef gara lubbuu ofii galaafachutti fiigu. Silaa osoo gara Rabbii deebi'anii fi salaatanii, dhiphinni isaan irraa ka'aa ture. Yaa nama Rabbiin irraa fagaatee! Eessatti dheessaa?

**9.Du’aayi (Rabbiin sodaa fi abdii waliin kadhachuu)-** Rabbiin kadhachuu fi itti warwaachun karaa rakkoo fi gadadoo keessaa itti bahaniidha. Rabbiin (subhaanahu wa ta’aala) akkana jedha:

﴿وَلَقَدۡ أَرۡسَلۡنَآ إِلَىٰٓ أُمَمٖ مِّن قَبۡلِكَ فَأَخَذۡنَٰهُم بِٱلۡبَأۡسَآءِ وَٱلضَّرَّآءِ لَعَلَّهُمۡ يَتَضَرَّعُونَ٤٢ فَلَوۡلَآ إِذۡ جَآءَهُم بَأۡسُنَا تَضَرَّعُواْ وَلَٰكِن قَسَتۡ قُلُوبُهُمۡ وَزَيَّنَ لَهُمُ ٱلشَّيۡطَٰنُ مَا كَانُواْ يَعۡمَلُونَ٤٣﴾

**“(42)-Dhugumatti gara ummattoota siin duraatti [Ergamtoota] erginee jirra. Akka isaan gadi of qabaniif hiyyummaa fi dhukkubaan isaan qabne. (43)-Kanaafu, yeroo adabbiin Keenya isaanitti dhufe, maaliif gadi of hin qabnee? Garuu qalbiin isaanii ni gogde, sheyxaannis waan hojjataa turan isaaniif miidhagse.”** (Suura Al-An’aam 6:42-43)

Al-Hasan al-Basrii akkana jechaa turee: Hajjaaj ibn Yuusuf (motummaa abbaa irree yeroo sanii) adabbii Rabbiiti. Adabbii Rabbii harka keessaniin dhiibuf hin yaalinaa. Garuu dirqamni isin irra jiru Rabbiif of gadii qabuu fi Isatti warwaachudha. Rabbiin akkana waan jedheef:

“**Dhugumatti Nuti adabbiin isaan qabne jirra. Isaan Gooftaa isaanitiif of gadi hin qabne; Isattis hin warwaanne.”** (Suura Al-Mu’iminuun 23:76)

Yeroo fitnaa sammuun ni hadooddi, nafseen ni dhamaati, wanta hojjattu hin beektu. Haala kana keessatti namoonni baay’een meeshaa waraana guddaa Nabiyyoota fi namoota gaggaariif yeroo darban keessa ta’e dagatu. Meeshaan waraanaa guddaan kuni Du’aayidha.

Ergamaan Rabbii (salallahu aleyh wa sallam) akkana jedhan: “**Namni hundarra dadhabaan nama du’aayi [gochuu]irraa dadhabeedha.**”

Abu Hureyraan (RA) akkana jechaa turee:”Fitnaan ni dhufti tan ishii irraa homaa si hin baraarre du’aayi akka nama bishaanin nyaatamu hedu yoo goote malee.”

Dhugumatti du’aayi yoo hin godhinii fi Rabbiin irratti hin hirkatiin fitnaa yeroo ammaa kana keessaa wanti nu baraaru tokkollee hin jiru. Na kadhaa isiniif awwaadhaa osoo jedhu akkamitti Rabbiin irraa garagallaa?

**“Gooftan keessan ni jedhe “Na kadhaa isiniifan awwaadhaa. Dhugumatti warroonni Ana gabbaruu irraa boonan salphattoota ta’anii Jahaannam seenuf jiru**.” Al-Gaafir 40:60

Du’aayi gochuu yommuu jalqabnu, wanti nuti jalqaba Rabbiin kadhachuu qabnu **araarama**. Tokkotu akkana jedhe ‘Cubbuu keetin balbala du’aayi ofirratti cuftee osoo jirtu, du’aayin tiyyaa fudhatama hin argattu akkamitti jettaa?’ Kanaafu badiin nuti raawwannu du’aayin teenya akka hin qeebalamne taasisti. Rabbiif of gadi qabuu fi Isarraa araarama kadhachuun, balbala milkaa’innaa fi injifannoo bana. Seenaa keessatti Nabiyoonni fi namoonni gaggaariin yommuu injifannoof dheebotan akkana jechuun Rabbiin kadhachaa turan:

رَبَّنَا اغْفِرْ لَنَا ذُنُوبَنَا وَإِسْرَافَنَا فِي أَمْرِنَا وَثَبِّتْ أَقْدَامَنَا وَانصُرْنَا عَلَى الْقَوْمِ الْكَافِرِينَ

“**Gooftaa keenya! Badii keenyaa fi dhimmoota keenya keessatti daangaa darbiinsa keenya nuuf araarami; faana keenyas gadi dhaabi; ummata kaafiroota irrattis nu tumsi (gargaari).**” (Suura Ali-Imraan 3:147)

Jalqaba Rabbiin irraa araarama kadhatan, itti aansanii rakkoo keessaa akka isaan baasu fi injifannoo isaaniif kennu kadhatan.

Haala kanaan akka Isa kadhannu Rabbiin itti nu ajaaja.

**Gudunfaa**

Tooftaalee fitnaa jalaa ittiin baanu hanga ammaa ilaalaa kan turre kana fakkaata:

1. Obsa qabaachu
2. wal-danda'uu fi walii mararfachuu
3. Jarjaruu dhiisu
4. Odeefannoo mirkaneefachuu
5. Arrabaa ofii eegu
6. Fitnaa irraa fagaachu fi dheessu
7. Jama'atti hidhachuu fi maxxanuu
8. Hojiiwwan gaggaarii dalaguu
9. Du'aayi gochuu fi Rabbitti warwaachu

Kitaaba wabii

Basaa'ir fil fitan (Arabic)

The Way out of Tribulations (English)